Kutaa 2

Dhiibbaa Manca'insa Bosonaa

Read Aloud

Dhiibbaa Manca'insa Bosonaa

Read Aloud | Kutaa 2



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa Dhaabbata ‘USAID’ irraa argameen,walta’iinsa Dhaabbata ‘Save The Children’, Ministeera Barnootaafi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/



Mootiin tokko masaraa isaa bosona keessatti Ijaarate.

Bosona sana keessaas bineensota hedduutu argamu.

Gaaftokko Mootichi muka gogee tortore bosonnicha keessatti arge.

Mootichi sababa kanaan mukkeen gurguddoo waan jibbeef, mursiisee balleessisiise.



Bineensonni bosona sana keessaas nigodaanan.



Mootichis bineensonni kunneen maaliif akka godaanan ogeessota gaafate.

Ogeessi tokko, “Sababni bineensonni kunneen itti godaanan mukkeen dawoo isaanii ta’an waan murmaniif,” jedheen.

Ogeessi biroon ammoo “Firiifi baalli mukkeenii dhabamnaan, waan sooratan dhabanii godaanan,” jedheen.

Ogeessi inni sadaffaan, “Mukkeen gaaddisa bineensotaati. Yeroo aduun isaan gubu waan jalatti dheessan dhabanii godaanan,” jedhe.



ogeessota kunneenii fudhate.

Bakka mukkeen manca'anii sanaas biqiltuuwwan biroo dhaabsise.



Biqiltuuwwan dhaabamanis niguddatan; bineensonni godaananis deebi'anii galan.